# Mirga Nama Iddo Tajaajila Kennu Jiraatanii

NURSING HOME FI IDDOO TAJAAJILA JIREENYAA KUNUUNSAA MINNESOTA

## Kaayoo Seera Kanaa

Kaayoon seera kanaa, kotaa tajaajila manneen kunuunsaa fi waldhaansa fayyaa jiraattotaaf kennan woyyeesuudhaan, fedhii fi dantaa jiraatotaa guutuu dha[1]. Eedoo kunuunsaa fi waldhaansa fayyaa kamuu, jiraataa tokko ofitti fudhachuuf jecha, akka jiraataan mirga isaa gad-dhiisuu (irraa gad-bu'u) gaafachuuf mirga hin qabu. Namni jiraataa tokko kunuunsu, bakka kunuunsaan jiraataa tokko hin jirretti ammoo, namni fedhii qabu kamuu, jiraataa tokko bakka bu'ee mirgi jiraataa sanii guutumatti akka kabajamuuf gaafachuu ni dandaya. Hanga gaafiin tun, seeraan murtii argattutti, eedoo kunuunsaa fi waldhaansa fayyaa, fedhii ofiitiin, mirga jiraataa kabajuu ni dandaya. Kaayoon seera kanaa, mirga namoomaa fi amantii jiraataa tokkoo kabajuu, mirga jiraataan tokko bilisummaan murteeffachuuf qabu kabajuu, fi filannoo jiraataan tokko qabu sirritti barsiisuun (beeysiisuun), eedoo kunuunsaa fi waldhaansa fayyaa kamuu mirga jiraataa tokkoo akka hin dhiitne (hin

---

[1] Galmee kanna kessatii, jechii "eedoo" jechuun eedoo ogeesoon tajjalilii fayya hayyama qabban ykn kunuunsii jirru jechuudha.

sarbine) taasisuun mirga jiraataa guutuu-guututti ittisuu (eegsisuu) dha.

## Hiikkaa Jechootaa

Akka seera kanaatti, ‘jiraataa’ jechuun, nama sababaa yaroo dheeraaf qaamaan ykn, qalbiin dhukkubsachuu isaatiif jecha, ykn, madoo miidhamni ykn, dhukkubbiin itti wayyaayaa jiru, ykn, nama sababa dheerinna umriitiin kunuunsi isa barbaachiisee, akka kunuunsa argatu mana kunuunsaatiin nama fudhatame jechuu dha.

## Imaammata Labsii Kanaa

Fedhii fi dantaa jiraataa tokkoo guutuun, imaammata mootummaa keenyaa waan ta’eef, jiraataan kamuu, mirga seera kana keessatti ibsamee fi kan biroollee akka qabu seera kanaan labsamee jira.

## Mirga Odeeffannoo Argachuu

Jiraattonni martuu, hennaa mana kunuunsaatiin fudhataman, mirgi seera kanaan labsame kun guutuun-guututti akka eegamuuf itti himamee; mirgi seera kanaan wal-simatuu marti akka eegamuuf dabalataan ibsamuufii qaba. Namoonni dhirdhinna qaamaa qaban fi namoonni Afaan Ingliizii hindandeenne illee sirnaan keessummeeffaman. Jiraataan tokko ykn, Kunuunsaan isaa isaa (the guardian) ykn, namni jiraataan tokko filatee bakka ofii buufate, akka seera “Seeraa Miniisoota Booqaanna 13, Herra kufata Galmeefi, kutta 6267, namootaa wan kanna fakatuuf saxxiilla bahannif kan hojatuu” keessatti

ibsametti, imaameedoo manneen kunuunsaa, odeeffannoon qorannoo mootummaa irraa argame, qaamonni tajaajila fayyaa fi barruun dabalataan waayee mirga jiraataa ibsu akka kennamuuf, sirnaan yoo sgaafate, ni kennamaaf.

## Kabajaan Kunuunfamuu

Jiraattonni martuu, ulfinna namoomaa argachuu fi kabajaan kunuunfamuuf mirga qabaachuun isaanii sirritti hubatamee, hojjattootaa fi tajaajiltoonni mana kunuunsaa fi edoo waldhaansa fayyaa marti mirga jiraataa kabajuu qabu.

## Waldhaansa Fayyaa

Jiraattonni martuu, waldhaansa sirrii argachuu fi akkuma haala abbichaatti kunuunsa isa barbaachisu argachuuf mirga qabu. Waldhaansa sirrii jechuun, waaldhaansa akka jiraataan tokko qaamaa fi qalbiin sadarkaa ol-aanaatti fayyee of-dandayu isa taasisuu irratti xiyyeeffatee karoorfame jechuu dha. Mirgi kun, baasii tajaajilaa, kan qaabenya ummataatiin ykn, dhuunfaatiin baasuun (deebisuun) hin-danda’amneen daangeffamaa dha.

## Enyuma Ogessa Fayya

Jiraattonni martuu, maqaa nama waldhaansa fayyaa isaanii godhuu ykn qindeessuu , teessoo bakka hujii isaa, lakkoofsa bilbilaa fi ogummaa addaa (yoo qabaate), barreeffamaan ni argatan. Yoo haalli fayyaa jiraataa tokkoo odeeffannoon kun akka isaaf hin kennamne ni dhoowwa ta’e, odeeffannoon kun kunuunsaa jiraataa sanii ykn, nama jiraataan sun bakka buufatetti kennama.

## Hariiroo Qamoota Tajaajila Fayaa Biro Waliin Jiru

Jiraattonni, qaamota biroo irraa tajaajila fayyaa yoo ka argatan ta'e, maqaa qaama sanii yoo gaafatan itti himaamuu qaba. Maqaa fi teessoon namoota fi jaarmayoota waldhaansa fayyaa isaanii kan keessatti hirmaatanii barreeffamaan kennamaaf. Yoo haalli fayyaa jiraataa tokkoo odeeffannoon kun akka isaaf hin kennamne ni dhoowwa ta'e, odeeffannoon kun kunuunsaa jiraataa sanii ykn, nama jiraataan sun bakkabu, ykn jarmiyalee ykn dhablee garaa biro kan edoo jireenyaatif woldhasa fayya tajajiilla keennun allat kan jirattanif kennama danda'uu. Yeroo dhimi kun dhiima fayyatiif jechaa kan gunfudhatanee ta'ee, ogesa fayyatiin galmahee kan beekkamu yota'ee, odeefannon dabarfamee toohataa issatiif ykn nama dhimma issatiff jirrattan kan durran bakka bu'ee ta'uu qabba.

## Odeeffannoo Waldhaansa Fayyaa

Jiraattonni martuu, odeeffannoo nama isaan waldhaanuu, qormaataa fi itti-baha qormaata fayyaa isaanii, waldhaansa isaaniif godhamu, rakkoo waldhaansa sanirraa itti dhufuun malu fi filannoon isaan qaban maal akka ta'ee fi itti-bahiinsa waldhaansa isaaniif godhamee seeraan argachuu qaban. Jiraattonni, nama firaa ykn, nama biraa, ykn, lamaanuu bakka ofii buufachuu ni dandayan. Odeeffannoon kun jechootaa fi afaan isaan hubachuu dandayaniin (beekkaniin) kennamaaf. Yoo haalli fayyaa jiraataa tokkoo odeeffannoon kun akka isaaf hin kennamne ni dhoowwa ta'e, odeeffannoon kun kunuunsaa jiraataa sanii ykn, nama jiraataan sun bakka buufatetti kennama. Namoonni kun odeeffannoo kana fuudhuu diduuf mirga qaban.

Jiraataan, dhukkuba naqarsa harmaa qabu kamuu, osoo mana kunuunsaa fi waldhaansaa fayyaatiin hin fudhatamin dura, dhukkubni isaa, filannoon waldhaansa mala adda-addaa, akkasumas sadarkaan beekkomsa ogeessa isa waldhaanuu fi waldhaansa isaaf godhamu irraa rakkoon itti dhufuu malu maal akka ta’e guutumatti itti himama.

## Karoora Woldhaansaa Keessatti Hirmaachuu

Maatii Beeksisuu:

1. Jiraattonni martuu, karoora waldhaansa fayyaa ofii keessatti hirmachuuf mirga qaban. Mirgi kun, namoota isaan waldhaanan waliin karoora waldhaansa ofii irratti mari’achuu, filannoo waldhaansa adda-adda irratti ogeeyyii waliin haasayuu, Konferensii dhimma fayyaa isaanii laalu irratti hirmaachuu, nama firaa dabalahuu ykn, nama biraa ka bakka isaanii bu’ee Konferensii san irratti hirmaatu filachuuf mirage qaban.

2. Jiraataan tokko, henna eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaatiin fudhatamu yoo of-wallaale ykn, yoo gaggabe ykn, yoo dubbachuu dadhabe, eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa sun, akka kutaa sadaffaa 3 jalatti ibsametti, namna firaa ykn, nama biraa ka jiraataan barreeffamaan bakka buufate hatattamaan qunnamee, haala jiraataan keessa jiru beeysisa. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa kun, yoo jiraataan amma dura barreeffamaan ibsatee hayyama kennuu dide malee, namni firaa karoora waldhaansa fayyaa jiraataa sanii keessatti akka hirmatu taasisa. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa haala jiraataa keessa jiru, nama firaa eega beeysiseen booda, osoo nama firaa san karoora waldhaansa fayyaa jiraataa keessatti hin

hirmaachisiiniin dura, akka jiraataan murtii ofii kennatu tattaaffii gahaa godha. "Tattaaffii gahaa" jechuun:

A. haala jiraataan keessa jirtu sirritti qorachuu;

B. galmee fayyaa jiraataa sanii sirritti qorachuu;

C. nama firaa ykn, nama hatattamaan akka qunnamamu galmaaye, hatattamaan qunnamuudhaan; ogeessi fayyaa ka jiraataa kun biratti deddeebi'ee waldhaanamaa ture eennu akka ta'e qorachuu (gaafachuu), hayyamaa fi fedhiin jiraataan kun amma dura ibsate, yoo barreeffamaan galmaayee jiraate qorachuu (beekuu yaaluu); akkasumas

D. jiiratаan ogeessa fayyaa qunnamuudhaan, nama armman dura jiraataa kana waldhaanaa ture gaafachuu dha. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa tookko, tartiiba kutaa kana keessatti ibsame guutuu hordofee, nama firaa ykn, nama biraa ka jiraataan ofii filate qunnamee karoora waldhaansa fayyaa jiraataa keessatti akka hirmaatu yoo hayyameef, odeeffannoo gahaa firaaf hin kennine, ykn, nama seeraan hin hayyamaminiif oddeffannoo jiraataa kennite jedhamee hin yakkamu.

3. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa, odeffannoo yaroo tattaaffii gahaa godhu keessatti argate maraa ni galmeeffata, argachuu yaala, ni fudhata. fi fudhachuuf. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa kun, saa'aa 24 keessatti nama firaa ykn, nam biraa ka jiraataan bakka ofii buufate qunnamuu yoo hin dandayin, bulchiinsa tajaajila hawaasaa (county social service agency) ykn, qaama tika seeraa qunnamee, nama firaa ykn, nama biraa ka jiraataan bakka ofii buufate qunnamuu dahdabuu isaa beeysisa. Qaamni bulchiinsa tajaajila hawaasaa fi qaamni tika seeraa illee, mana firaa ykn, nama biraa, ka jiraataan filatee bakka

ofii buufate barbaaduudhaan mana kunuunsaa ykn, waldhaansaa gargaara. Qaamni bulchiinsa tajaajila hawaasaa fi qaamni tika seeraa, mana firaa ykn, nama biraa, ka jiraataan filatee bakka ofii buufate barbaaduu keessatti hirmaatee mana kunuunsaa ykn, waldhaansaa waan gargaareef, mirga ifituma nama kanna yakkamaa miti (hin yakkamu).

## Kunuunsa Itti-fuufiinsa Qabu

Jiraattonni hundiirtuu, akkuma imaammata mana kunuunsaa ykn, waldhaansaa san keessatti ibsametti, ogeessi waldhaansaa fayatiif kunuunsii jirenya ramadameefii hangii immamatnii eedoo kanna hayyamuti itti-fufiinsaan kennamufi mala.

## Mirga Wal’dhaansa Diduu

Jiraattonni of'danda'an, odeeffannoo “mirgaa odeeffannoo argachuu” kutaa gara'irraati kenname ffa irratti irkatanii argatan irratti hundayuun waldhaansa diduuf mirga qaban. Jiraattonni bifa kanaan waldhaansa diduuf otoo murteeffatan, rakkoon waldhaansa diduu irraa kan ka’e isaan qunnamuu maalu itti himama, galmee fayyaa isaanii keessattis ni galmaaya.
Yoo jiraataan tokko osoo of-dandayuu sababa hanqinna hubannootiin waldhaansa dide, yookaan ammoo, osoo seerrri isaaf hin hayyamne yoo waldhaansa didue, haalli kun guutuu-guututti ogeessa waldhaansa fayyaatiin barruun galmeeffama.

## Yaalii Qorannoo

Jiraataan tokko, yaalii qorannoo keessatti hirmaachuuf yoo fedhii qabaate, osoo yaalii san keessatti hin hirmaatiniin dura,

odeeffanoo guutuu argachuu fi yaalii keessatti hirmachuuf hayyamuu isaa barreeffamaan ibsuu qaba. Jiraattoonni martuu, yaalii qorannoo keessatti hirmaachuu diduuf mirga qaban. Diddaan ykn, hayyamni jiraataa tokkoo galmee isaa keessatti barreeffamaan galmaaya.

## Iccittii Waldhaansaa Fayyaa

Jiraattonni martuu, dhiimmi fayyaa isaanii waliin walitti hidhamu marti; waldhaansni isaaniif godhamu, qormaanni isaaniif godhamu, mariin isaan waliin taasifamu, dawaan isaaniif kennamuu kan kana fakkaatu hundi sirriin (iccittiin) tikfachuuf mirga qaban. Yoo haalli jiraataa tokkoo garaarsa fi tika ka feesisu ta'e malee, jiraataan tokko yaroo mana fiincaanii seenu, yaroo nafa dhiqatu, yaroo qulqullummaa ofii eeggatu kophaa ta'uuf mirga qaba.

## Iccittii Galmee Fayyaa

Jiraattonni martuu, odeeffaannoon isaanii, galmeen waldhaansa fayyaa isaanii iccittiin akka tikfamuuf, eedoo ksnnan alla qaamota birootiif akka kennamu hayyamuu ykn hayyamuu diduuf mirga qaban. Yoo namni ykn qaamni biroo odeeffannoon isaanii akka kennemuuf gaafate, eedoon kun jiiraataaf ni himama. Namni isaan waliin deemuun yoo barbaachise, fakkeenyaaf bakka 'gaafiifi debii' kennan deemuun yoo isaan barbaachisa ta'e, namni waliin deemu ni ramdamaaf. Gargalchaa fi odeeffannoon galmee fayyaa keessa jiru, haala baraachisaa ta'een, akkata mirga Heera galmee fayyya Miniisootaa, keyyata144.291 to 144' keessatti ibsametti

barreeffamaan qophaayaaf. Mirgi kun, qaama sadaffaa ka odeeffannoo kana argachuuf seeraan horoo kafaluun isaan malu hin dabalatu.

## Taajijila Jiraataan Argachuu Dandayu Ibsuufii

Jiraataan tokko osoo eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaatiin hin fudhatamin dura, tajaajilli inni mana kunuunsaa ykn, waldhaansaa san keessatti argachuu dandayu, baasiin guyyaa-guyyaan nyaataa fi dhugaatiif irraa eegamu, baasiin guyyaa-guyyaan sireef irraa eeggamuu fi baasiin tajaajila dabalata illee itti himamuu qaba. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa, jiraataa gargaaruudhaan, “Medicare or Medical Assistance program” baasiilee kana hundaa ykn, baasii garii ka baasuu fi hin baafne addaan baasee mirkaneeffachuuf tattaaffii guddaa (carraaqqii) godha.

## Tajjaliillaf Deebii Argachuu

Jiraattonni martuu, gaafiilee isaanii hundaaf, hattamaan deebii argachuuf mirga qaban.

## Mirga Dhimma Dhuunfaa

Jiraataan tokko, dhimma dhuunfaa isaa laallattu, dhimma aadaa fi amantii isaatiin walitti hidhata qabu, dhimma qor-qalbii isaatiin walitti hidhamu dhuufatti tikfachuuf mira qaban.
Iddoo kunuuunsaa ykn, waldhaansaa, mirga jiraataan dhuunfaan qabu kana kabajuudhaan kutaa jiraataan keessa jiraatu furtuun cufuu qaba. Yaroo kutaa jiraataa seenan, hayyama jiraataa qofaan seenuun danda’ama; yoo haalli hatattamaa uumame malee.

## Iccittii Wolqunamtii Dhuunfaa

Jiraattonni, nama ofii feedhan waliin dhuunfatti wal-qunnamuu fi waliin haasawuuf, osoo seera “the Miniisoota Commitment Act” hin cabsin eedoo n kunuunsaa fi waldhaansaa gad-dhiisaanii bayuuf mirga qaban. Jiraattonni martuu, baasii mataa ofiitiin akka bitachuu dandayan meeshaaleen ittiin barreessan, meeshaaleen irratti barreessan fi meeshaaleen poostaa dhiyeenatti qophaayaaniif. Xalayaan dhuunfaa, nama biraatiin jalaa hin tuqamu (hin banamu), yoo ogeessi fayyaa waan mirga kana faallessu barreeffamaan ajaje malee. Jiraataan tokko, dhuunfaan bilbiliaan haasayuu akka dandayu, telefoonni irraa bilbilatu ni dhiyaataaf. Yoo eedoon kunuunsaa ykn, waldhaansaa bilbiila jiraataan tokko irraa bilbilatu dhiyeessuuufii dadhabe’llee, haala jiraataan tokkoo dhuunfatti iccittiin haasayuu dandayu ni mijeessaaf (ni aanjessaaf). Bakka seerri federaalaa ykn biyooleessa odeeffannooo jiraataa tokkoo akka ifa hin baane dhoowwutti, jiraataan tokko ykn, bakka bu’aan jiraataa sanii, namoota bilbilaan ykn, qaamaan jiraataa gaafachuu fedhaniif odeeffannoon jiraataa akka kennamu hayyama gaafachuuf carraa qaban. Bakka bu’aan jiraataa fedhii jiraataa qofa hordofe wanta barbachiisa ta’ee aka godhuuf eddoon kun halla mijeesaf. Mirgi kun, haalli fayyaa jiraataa yoo heerran ka hayyamu ta’e, akka seera “the Vulnerable Adults Protection Act, Section 626.557, Subdivision 14, Paragraph (b)“ keessatti ibsametti hujii irra oola.

## Qabeenna Dhuunfaa

Jiraataan tokko, yoo bakkeen gayaa ta’e, haala mirga nama biroo hin dhiibnee fi adeemsa eedoo n waldhaansa fayyaa hin jeeqneen, meehsaa fi uffata ofii of-bira kaayachuu ni dandaya. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa, bakka jiraatoonni meeshaa isaanii furtuun itti cufatan ni qopheessaaf. Yoo meeshaan jiraataa tokkoo jalaa bade, eedoo kunuunsaa ykn, eedoo waldhaansaa itti gaafatama hin qabu.

## Tajjajiillalee Eedoo Kannatii Argamuu

Jiraataan tokko, shaakala qaamaa ka eedoo n waldhaansaa fayyaa isaatiif jecha ogeessa fayyaatiin ajajameef malee, hujii humnaa ykn hujii biroo mana kunuunsaatiif osoo hin hojjatin nagayaan jiraachuuf mirga qaba.

## Filannoo waa Bitachuu

Jiraataan tokko, meeshaa ykn, tajaajila eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa guyyaa-guyyaan hin dhiyeessineef, osoo seera hin cabsin bakka birootii bitachuuf ykn kireeffachuuf mirga qaba. Qaamni meeshaa ykn, tajaajila gurgurate ykn, kireesse, meeshaan ykn, tajaajilli inni gurgurate ykn, kireesse waldhaansaa fayyaa jiraataatiif ka tolu ta’uu mirkaneessuuf dirqama qaba.

## Baasii Horoo ykn Qarshi

Jiraattonni of-dandayan, baasii ofii toohachuu, yookaan ammoo akka seerrri Miniisoota hayyamutti, eedoo kunuunsaa ykn,

waldhaansaa bakka isaanii bu'ee baatii afur-afuriin baasii isaanii toohatee akka gabaasuuf godhuu ni dandayan.

## Mirga Namaan Wal-Gayuu

1. Jiraataan tokko, osoo mirga jiraattota biroo hin jeeqiin, keessummaa itti dhufu simachuu, dhimma daldalaa, dhimma amantii, dhimma hawaasummaa fi dhimma siyaasaa keessatti akka seera "203B.11 ( Filmata Filachuu Dhabuu , "Garee Hawassa " keessatti ibsametti hirmaachuu dandanya. Kunis:
    A. nama mana kunuunsaa keessa hojjatuu fi nama biroo waliin illee wal-gayee hegeree isaa wayyeeffachuu irratti waliin mari'achuu dandaya;
    B. akka seera "chapter 145C" keessatti ibsametti, nama yaroo hunda dhufee isa laalu fi isa kunuunsu qabaachuu dandaya;
    C. akka "paragraph 3" jalatti ibsametti, nama ofii filateen laalamuu fi dhimma waldhaansa fayyaa ofii irratti murteeffachuuf mirga qaba.
2. Bakka seerri federaalaa odeeffannooo jiraataa tokkoo akka ifa hin baane dhoowwutti, jiraataan tokko ykn, bakka bu'aan jiraataa sanii, namoota bilbilaan ykn, qaamaan jiraataa gaafachuu fedhaniif odeeffannoon jiraataa akka kennamu hayyama gaafachuuf carraa qaban. Bakka bu'aan jiraataa fedhii jiraataa qofa hordofa.
3. Jiraataan tokko ykn, namni jiraataa tokko kunuunsuuf hayyama seeraa qabu, nama jiraataa waliin firooma walitti hin qabnellee bakka ofii buufachuuf hayyama gaafachuu ni dandya. Gaafii fi murtiin gaafii kanaaf kennamullee, galmee fayyaa jiraataa keessatti barreeffamaan galmaaya. Murtiin

waldhaansa fayyaa jiraataa waliin walitti hidhama qabu martuu, akka seera “chapter 145C” qofatti hujii irra oola.

## Koree Marii

Jiraataan tokko, maatii isaa waliin walgayuudhaan, gorsa maatii ofii argachuuf mirga qaba. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa kamuu, bakka jiraataan tokko maatii isaa waliin itti walgayu ni mijeessaaf. Marii fi gorsi maatii iccittiin tikfama. Hojjataan mana kunuunsaa ykn, eedoo waldhaansaa ka haala mijeessuu fi murtii maatii barreeffamaan galmeessuu ni ramadamaaf. Mariin jiraataa fi maatii kun, yaada eedoo waldhaansaa fayyaa jiraataa wayyeessuu dandayan jedhanii yaadan mara akka dhiyeeffatan ni jajjabeeffaman.

## Jiratota, Abbaa Warraa fi Haadha Warraa

Namni haadha-warraa ykn, Abbaa warraa qabu, warra ofiitiin dhuunfatti walaguuf mirga qaba. Jarri lamaanuu jiraattota mana kunuunsaa ykn, waldhaansaa tokkicha yoo ta’an, haalli fayyaa isaanii waliin jiraachuu yoo dhoowween malee, kutaa tokko keessa waliin jiraachuun ni hayyamamaaf.

## Bakka Jireennaa Jijjiiruu, ykn, Manaa Baasuu

Jiraataan tokko, seeraan ala mana keessa jiraatuu keessaa hin baafamu, hin jijjiiramus. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa tokko, jiraataa tokko mana keessaa baasuuf ykn, mana biraatti jijjiiruuf yoo akeekkate, guyyaa 30 dura, sababaa quubsaa barreessee jiraataa beeksisuu qaba. Kanarrattis dabalee, yoo guyyaan torba hafu, xalayaa hubachiisaa ka sababaa quubsaa of-

keessaa qabu jiraataaf barreessuu qaba. Xalayaa hubachiisa kana keessatti, jiraataan tokko mirga hayyamuu ykn, hayyamuu diduu akka qabu ibsamee, lakkoofsi bilbilaa fi teessoon “Ombudsman for Long Term Care pursuant to the Older Americans Act, section 307(a) (12)“ xalayichuma keessatti barreeffamaafi. Erga jiraataan mirga ofii sirritti hubateen booda, yoo jiraataan hayyame, osoo yaroon hubachiisaa hin dhumin, jiraataan tokko bakka jijjiirachuu ni dandya. Haalli ulfaataan toohannoo mana kunuunsaa ykn, waldaansaa’tii ol ta’e yoo dhalate, yaroon hubachiisaa kun gabaabbachuu ni danaya. Eedoo kunuunsaa ynk. waldhaansaa, osoo jireenna jiraattota duraanii hin jeeqin, nama haarawa dhufu fudhachuuf tattaaffii guddaa godhuu qaba.

## Tika Mirgaafi Tajajiila Mirgaatiif Jaratatif Falmachuu

Jiraataan tokko, mirgi seera kana keessatti ibsamee, fi mirgi seera biroo keessatti ibsame illee akka tikfamuuf gaafachuu fi qaama mirga isaatiif falmatuuf qabaachuuf illee mirga qaba. Mirgi kun, haasawa dhuunfaa, ka jiraataa fi qaamni mirga isaatiif falmatu waliin haasawan iccittiin tiksuu dabalata. Mirgi kun mirga carraa nama isa yks ishee tajaajilamutu fi warra mirga namaaf falmaniif bakka bu'oota isaani giddutti iccitiidhaan yks doksaadhaan walquunamuu danda'uudha.

## Daangessuu

1. Jiraataan tokko, ykn, namni seeraan jiraataa tokko kunuunsuuf ramadame, ykn, namni jiraataaf fira ta’u, akka seera "kuta 145C.01" keessatti ibsametti, akka jiraataan

tokko sochii qaamaa irraa daangeeffamu gaafachuuf mirga qaba.

2. Jiraataan tokko, sochii qaamaa irraa akka daangeffamu yoo gaafiin dhiyaate, eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa, rakkoo daangeffama kanarraa madduun malu hunda, jiraataa, ykn, maatii jiraataa ykn, nama seeraan jiraataa bakka bu’u hubachiisa (beeysisa). Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa, erga ogeessi fayyaa, haala fayyaa jiraataa sirritti xiinxallee sochiin jiraataa akka daangeffamu barreeffamaan ajaje (mirkaneesse) booda, meeshaa sochii qaama jiraataa daangessuu dhiyeessa.

3. Eedoo kunuunusaa ykn waldhaansaa, akka “paragraph 2” jalatti ibsametti:

   A. tartiibni “paragraph 2’ keessatti ibsame sirritti hordofamuu isaa;

   B. sochiin qaama jiraataa sirnaan daangeffamuu isaa toohachuu; fi

   C. yaroo yaroon, jiraataa waliin ykn, maatii jiraataa waliin ykn, ogeessa fayyaa jiraataa hordofu waliin mari’achuudaan, haala sochii qaamaa jiraataa daangesse irra-deebi’anii gulaalan; ni woyyeessan.

4. Eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa, meeshaa sochii qaama jiraataa daangessuu dandayu mijeessuu (dhiyeessuu) isaatiif, hin yakkamu, hin adabamu. Haa ta’u malee, haalli asii gaditti tarreeffame yoo uumame “Komishinnarri” tarkaanfii barbaachisu kamuu fudhachuu ni dandaya:

   A. yoo sochii qaamaa daangeessuun fayyaa fi nagaya jiraataa irratti rakkoo uuma ta’e; fi

   B. yoo eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa fayyaa fi nagaya jiraataa sirritti tiksuu hanqate (dadhabe).

5. Mallattooleen asii gaditti tarreeffaman kun akka rakkoo (hanqinna) fayyaatti laalaman:

   A. Yaaddoo fayyaa qaama jiraatee; fi

   B. Rakkoo qaamaa-qalbii ka jiraataan osii isaatii himatu, fakkeenyaaf kufuun mallattoo hanqinna (rakkoo) fayyaati.

   Murtii fi ajajni ogeessa fayyaa irraa barreeffamaan kennamu, sochii qaama jiraataa daangessuuf ragaa quubsaa mallattoo haqinna fayyaati.

6. Komishinarri eegumsa fayyaa, eedoo kunuunsaa ykn, waldhaansaa tokko, sochii qaama jiraataa tokkoo daangessuuf seeraa federaalaa fi mootummaa naannoo guutuu isaa yaroo qoratu (murteessu), murtii ogeessii fayyaa jiraataa sanii barreeffamaan galmeessee fi mallattoolee hanqinna fayyaa kan ogeessi fayyaa galmeesse ilaala. Jiraataa tokko, ykn, namni jiraataa tokkoof fira ta'e, ykn, namni jiraataa tokko kunuusuuf hayyama seeraa qabu, ykn, hoojjataan jiraataa tokko kunuunsuuf ramadame, akka seera "section 145C.01" jalatti ibsametti, seera hordofee, sochiin qaama jiraataa tokko akka daangeffamuu gaafachuun, mallattoolee hanqinna fayyaa jiraataa sanii mirkaneessan keessaa ragaa tokko.

## Waldhaansa Badii Irraa Bilisa Ta'uu

Jiraattonni martuu, akka seera "the Vulnerable Adults Protection Act" keessatti ibsametti 'waldhaansa badii' irraa bilisa ta'uu qaban. 'Waldhaansa badii' jechuun, akka "Section

626.5572, Subdivision 15" jalatti ibsametti, rakkoo qaamaa-qalbii jiraataa tokkorra beekaan geessuu dha. Yoo haalli uumame malee ykn, yoo ogeessi fayyaa barreeffamaan ajaje malee, Jiraataan tokko, waldhaansa chemical irraa bilisa ta'a, sochii qaamaa irraa hin daangeffamu.

## Komii Dhiyeeffachuu

Jiraattonni martuu, yaroo mana kunuunsaa ykn, waldhaansaa keessa jiraataan guutuu, mirga isaanii ni barsiifaman, akka mirage isaanitti dhimma bayatan'llee ni jajjabeeffaman. Jiraataan tokko, loogiin sanyummaa ykn, sodaachisaa fi humnaan dirqisiifamuun, akkasumas hanqinni waldhaansaa yoo itti dhagayame, mana kanaa na baasan jedhee osoo hin sodaatiin, komii qabu mara daangaa fi sodaa tokko malee himachuuf mirga guutuu qaba. Tartiibni komii ittiin dhiyeeffatan, teessoo fi lakkoofsi bilbila qaama komii dhageeffatuu "Office of Health Facility Complaints and the ombudsman pursuant to the Older Americans Act, section 307(a)(12) bakka mula'tutti maxxanfama.

# BU'UURA ODEEFANOO KANA

**(WAAJIIRA KOMII TAJJAJIILA FAYYA CAAQASSAN)**
**OFFICE OF HEALTH FACILITY COMPLAINTS**
PO Box 64970
St. Paul, MN 55164-0970
(800) 369-7994 ykn (651) 201-4200 (nanooishii)

**(QOORATA TAJJAJILLA YEROO DHEERA)**
**OMBUDSMAN FOR LONG-TERM CARE**
PO Box 64971
St. Paul, MN 55164-0971
(800) 657-3591 ykn (651) 431-2555 (nanooishii)

**(WAAJIRRA FAYYA MIINIISOOTA)**
**MINNESOTA DEPARTMENT OF HEALTH**
**(Kutta Toohanoo Fayya)**
**Health Regulation Division**
PO Box 64900
St. Paul, MN 55164-0900
(651) 201-4101

**(PROJECTII FAYYA HIRDHATTOTAAF MORMUUF)**
**THE DEVELOPMENTALLY DISABLED ADVOCACY PROJECT**
**(Projectii Seera Fayya Sammuu)**
**The Mental Health Law Project**
430 First Avenue North, Suite 300
Minneapolis, MN 55401-1780
(800) 292-4150 ykn (612) 332-1441 (nanooishii)

**(GULLALA TAJJAJIILLA HORDOFFIIFI QINDAWINNA)**
**SURVEILLANCE & INTEGRITY REVIEW SERVICES**
**(Kachachalla Qarqarssa Fayyatiif Hallamale Itii Dhimma Bahuu – dhimma kaffaltii)**
**(Medicaid Fraud and Abuse – payment issues)**
**(Wajiira Qarqarsssa Hawwasuuma Miniisoota)**
**Minnesota Department of Human Services**
PO Box 64982
St. Paul, MN 55164-0982
(800) 657-3750 ykn (651) 431-2650 (nanooishii)

(Waajiita Fayya Miniisoota)
Minnesota Department of Health
Licensing and Certification
PO Box 64900, St. Paul, MN 55164
651-201-4101
health.fpc-licensing@state.mn.us
www.health.mn.us

GUYYAA: December 4, 2015

*Odeeffannoo kana bifa birootiin argachuu yoo feete, lakkoofsa asii gadii kananatti bilbili:*
*651 201-4101*